# Rabbiin ol tahe namni guyyaa dilii dalage akka tawbatuuf harka isaa halkan diriirsa, namni halkan dilii dalage akka tawbatuuf guyyaa harka diriirsa, Hanga aduun dhihaa irraa baatutti

Abuu Muusaa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Rabbiin ol tahe namni guyyaa dilii dalage akka tawbatuuf harka isaa halkan diriirsa, namni halkan dilii dalage akka tawbatuuf guyyaa harka diriirsa, Hanga aduun dhihaa irraa baatutti».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-: Rabbiin ol tahe gabroota isaa irraa towbaa akka qeebalu himan. Gabrichi tokko guyyaa dilii hojjetee halkan yoo towbaa gara Rabbii deeb'e Rabbiin towbaa isaa ni qeebala, yoo halkan dilii raawwatee guyyaa towbates Rabbiin towbaa isaa irraa qeebala. Rabbiin qulqullaa'e towbaaf harka isaa ni diriirsa isheetti gammadee ishee qeebaluuf jecha, Balballi towbaa hanga aduun dhiha irraa baatee dhumni addunyaa tanaa hanga labsamutti banaa ta’ee hafa, yeroo aduun kallattii sanaan baate balballi towbaa ni cufama.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee